# Ergamaan Rabbii -nagaa rahmanni irra haa jiraatu- nama murtee keessatti gubboo fudhatuu fi nama gubboo kennus ni abaaran

Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa rahmanni irra haa jiraatu- nama murtee keessatti gubboo fudhatuu fi nama gubboo kennus ni abaaran.
[sirrii] [tirmiziifii ahmad odeessan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- warra gubboo kennuu fi fudhatus rahmata Rabbii ol ta'ee irraa akka ari'amanii fageeffaman itti kadhatan. Sana irraa abbootiin murtii murtii kennan keessatti loogii akka godhaniif waan kaffalamuudha; sababni isaas namichi kennu sun haqaan maletti waan barbaade galmaan gahuu akka danda'uuf jecha.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/64689

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee